# Sababa sirrii ta’eef dhaabachuu

LIDA Portugal
Sunniva Høiby-Øiset
Muhammed Berisso
4
Afan Oromo om

Edisoon Angoolaatti dhalate, erga biyyattiin bilisa baate booda. Mucaa baayyee dheeraa ture. Sababa dheerina isaatiin adda bahee mul’ate. Namoonni waraana biyya keessaa keessatti akka lolanuutti ijoolleef meeshaa waraanaa kennaa turan ijoollee dhiiraa akka isaa barbaadan.

Haati isaa akka isa fudhatan sodaattee waan turteef, adaadaa takka waliin Poorchugaal akka jiraatu erguuf murteessite. Achitti nagaa ta’a jettee yaadde.

Edisoon haala qilleensaa ho’aa, nyaata aadaa fi hunda caalaa hammachuu fi dhungachuu haadha isaa waan dhabeef, jalqaba irratti baayyee rakkisaa ture.

Afaan Poorchugaal akka gaariitti waan hin beekneef daree isaa fi haasawa hiriyyoota daree isaa hordofuun baayyee itti ulfaate. Hundaafuu gara Poorchugaal dhufuun yaada gaarii ta’aa jedhee yaade.

Guyyaa tokko barsiisaan tokko kubbaa harkaa irratti hammam akka ga’umsa qabu hubate. Garee kubbaa harkaa tokkotti makamee baayyee milkaa’eera. Mana barumsaatti jaallatamaa ta’ee michoota horateera. Akkasumas ofitti amanamummaa guddaa argate.

Amma nama guddaa waan ta’eef, Edisoon daa’imman baqattootaa fi namoota biroo hawaasa keessaa baafamuuf balaadhaaf saaxilaman leenjisa. Yeroo tokko dheerinni isaa daa’ima loltuu ta’uuf balaa keessa isa galche. Amma, dheerinni isaa namoonni kaan nageenyi akka itti dhaga’amu gargaaruuf humna isaaf kenna.

# LIDA Stories

lidastories.net

## Sababa sirrii ta’eef dhaabachuu

LIDA Portugal
Sunniva Høiby-Øiset
Muhammed Berisso

CC BY